HOJIIN ULFINA !

Jiruu fi jireenyi kee
Guutuun namummaa kee
Du’uu fi jiraachuun kee
Kanaa fi kaanis make…

Maal yaada sammuun kee?
Harki kee maal beekaa?
Ijji maal si arga kaa?
Gurris maal jaallata?
Sammuun maal filata?

Hojii hiiktee turuu
Yookiis hojiin jooruu
Harka mammarachuu
Waan jiru daawwachuu
Kofaltee maraachuu
Guyyaa guutuu rafuu
Taphaaf duubatti hafuu…

Kamiin fa’a jaallatta?
Kamiin mararfatta?

Hojjee gammadda moo

Gabaa kadhatta moo

Kamtu mee sii mirga

Namnis kam sitti arga?

Yoom dafqitee beekta?

Bu’aas maal yaadatta?

Yoom obsitee beekta?

Guyyaa kam qaabatta?

Jedhi kaa dubbadhu

Mormii dhiheeffadhu

Dadhabbii kee natty himi

Gumaachi kee kami?

Kophaa kankee teettee

Yaada haaraa baaftee

Yeroon dhimma baatee

Hangam gumaachitee?

Jedhi kaa natti himi

Sadarkaan kee kami?

Umriin kees hangami?

Guyyaa meeqa hojjatta?
Hangam balleessita?
Kan dhibamte meeqa?
Har’a meqa nyaatte?
Sana eessaa argatte?
Keeti moo ‘n kadhatte?
Yook immoo kan hatte?

Mee abboo naaf deebisi
Dhugumaan naaf ibsi…

Uumama kee beektaa?
Kennaa kee argaartaa?
Guddaa abjotaartaa?
Yook of dinqisiifattaa?
Uumaas ulfeeffattaa?
Kennaa ’sarraa ’rgatte
Gabbifte moo gatte?

Ceem’aan irrat’ margee
An nam’ baay’een argee
Hojuu wallaalanii
Kan hoju saamanii

Yemmuu kuun ijaaru
Isaan diiguuf xaaru
Kan kaaniif ulfinaa
Sanniiniif salphinaa
Kan hojiitti amanu
San kan Waaqatti aanu
Jarri immoo hin tolu
Kan jiraachuu malu
Yemmuu biyyeen bulu
Kan badhaasaaf malu
Yemmuu hidhaa oolu
Kan hafeef haa galu!

Maal, hojuun salphinaa?
Misoomaa fi gabinaa…
Waan ta’e jabaattee
Onneedhaan hojjettee
Dafqitee gubattee
Yoomiin kan salphatte?
Yoom kan duwwaatti hafte?

Abaarsaa mit’ eebba
Namni maa isa jibba?

Erga kan ulfinaa
Maaliif gowwaa taanaa?
Maaliif filaa leenaa
Maaf hojii ceem’inaa?

Karooraan hojjedhu
Yeroon tattaafadhu
Obsumaan eeggadhu
Ganamas facaasi
Galgalaas facaasi
Hin daraaru seetaa?
Hin gammaddu seetaa?
Dubbiin ijoon tanaa
Beek hojiin ulfinaa!

Fira koo dhagayi
Jaallee koo dhagayi
Hoji, manaa bayi
Dhiigoo na dhagayi
Osoo ’n dhiine bayi

Maal fa’a bulchita?
Maal gochuu halchita?

Dursii mari’adhu
Karoora baafadhu
Tartiibatt’ deeffadhu
Akkasiin hojjedhu
Kan yaadde ’n dhiisini
Kaan hin hojjetini.

Biiftuun bahuuf jettee
Hindaaqqoon iyyitee
Ka’i, hin rafini
Iyyee bilbillini
Guyyaan irra ’n deebu
Ceem’aan hin abaabu.

Gooftaan waadaa galee
Umriis siif dabalee
Ka’i mee bay manaa
Waan biyyaaf guddinaa
Waan maatiif gabbinaa
Raawwadhu namana
Hojjechuun ulfina!

☺☺☺

Walaloo Obbo Rameto Kabeto: Onkololeessa, 2011